


Odeeffannoo waa'ee MTAS/Alternate MCA



MTAS/Alternate maaliidha?

Madaallin filannoo guutuu kutaa biyyattii barattoota hir'ina hubannoo guddaa qabaniif kan qophaa'ee fi ulaagaalee Istaandardii Barnootaa Minisootaa bal'aa dubbisuu, herregaa fi saayinsii irratti kan hundaa'edha. Madaallin kunniin barattoonni barumsa isaanii akka mul'isan kan taasisu yoo ta'u, ejjennoo olaanaa kan bakka bu'anidha. Madaallin Waliigalaa Filannoo Minisootaa (Alternate MCA) haaraa yoo ta'u, tokkoon tokkoon gosa barnootaa keessatti istaandaardii haaraan waan qophaa'eef Qormaata Dandeettii Barnootaa Minisootaa (MTAS) bakka bu'a.



MTAS/Alternate MCA eenyutu fudhata?

Barattoonni kutaalee mootummaa Minisootaa fi manneen barnootaa chaartaraa hundi madaallii guutuu kutaa biyyattii irratti hirmaachuu qabu. Madaallin qabxii addaa dubbisuu (3–8 fi 10), herrega (3–8 fi 11), fi saayinsii (5, 8, fi al tokko mana barumsaa sadarkaa lammaffaa) irratti kennama. Gareen Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) waggaa waggaa waa'ee hirmaannaa barattootaa murtii ni kenna.



Barattoonni MTAS/Alternate MCA akkamitti fudhatu?

MTAS/Alternate MCA madaallii raawwii hojii barsiisaa barattootaa ykn hojjettoota adda baafamaniin haala tokko tokkoon geggeeffamuudha. Hojiiwwan kennaman sagalee guudadhaan dubbifamuu fi fakkiwwan waliin dhiyaachuun akka dhaqqabamaa ta'an taasifamuu danda'u. Barattoonni hojiiwwan kennaman irratti waan beekan agarsiisuuf karaa adda addaa (kan akka dubbachuu, akeekuu, ykn ilaalcha ijaa fayyadamuun) deebii kennuu danda'u.



Barattoonni maaliif madaallii barnootaa jijjiirraa guutuu kutaa biyyattii keessatti hirmaachuu qabu?

Madaallin barnootaa jijjiirraa guutuu bulchiinsaatti barattoonni hir'ina hubannoo guddaa qaban maal akka beekaniifi akkamitti mana barumsaa keessatti akka hojjetan akka agarsiisan ni taasisa. Madaallin kun daataa barbaachisaa manneen barnootaa barattoonni hundi fedhiin barnootaa isaanii akka guutamuu fi qajeelfama cimaa istaandaardii wajjin walsimu akka argatan taasisu ni kenna.



Sirrummaa
daataa
dabaluu

Murtii distiriktii fi
mana barumsaa
odeeffannoo
irratti hundaa'e

Hirmaannaa MTAS/Alternate MCA irratti

Madaallii filannoo irratti hirmaannaan sababa mana barumsaa fi distiriktii keessanii barattoonni hundi barnoota qulqullina olaanaa qabu akka argatan gochuuf kaarikulamii fi qajeelfama isaanii madaaluuf carraa waan kennuuf barbaachisadha. Barattoonni baay'inaan hirmaatan, distiriktii fi manneen barnootaa akkaataa maallaqaa fi qabeenya barattoota hunda deeggaruuf itti fayyadaman irratti murtoo sirrii ta'e akka murteessaniif galtee daataa sirrii ta'a.